


DER LANDESBISCHOF
DER EVANGELISCH-LUTHERISCHEN KIRCHE IN BAYERN
Dr. Heinrich Bedford-Strohm



Ostern 2020

Jaallatamoo obboleettota fi obbolootaa,

yeroon miseensota waldaa keenyaa, waldaa warra wangeelaa Luteraanii Bayern, jiraniif xalayaa ayaana Du'aa ka'uu ilaalchisee nagaa koo dhi'eessuu eegaluu yaalu, haala ulfaataa, isa keessatti ayaana du'aa ka'uu waggaa kana ayaannefannu, haala takkaa ta'ee hin beekne kana duratti amantii guddaa dhaan dhaabadheen godha. „Kristoos du'aa ka'eera!“ - kun misiraachoo, isa nut harr'a wal dhageessifnu dha, akkuma wagga kam iyyuu yeroo ayaanna du'aa ka'uutti goonu. Akka kanaan dura amaleeffannee fi nu jaallachiisutti, waldoota keenya keessatti bara kana waaqeffannaa ayaana du'aa ka'uu raawachuu hin dandeenyu. Kun waanta guddaa nama madeessuu dha. Hata'u malee kanaan wal-qabsiifnee jireenya namootaa, keessumaa warra miidhamaaf saaxilamoo ta'an akka hin miineef kun barbaachisaa dha. Kanaachi ergaa misiraachoo keenya ofuma keenyaa mormuu ta'a.

Kun gammachuu ayaana du'aa ka'uu irraa gara waan faallaa ta'eetti nama hin geessu. Baayeen yeroo kana muuxannoo gochaa jiru, haala addaa ulfaataa kana keessatti ayaana du'aa ka'uu humna guutuudhaan dabarsuu akka dandeenyutti. Sababii nut amma guutummaa biyya keenyaatti dandeettii waa uumuu dandaa'uu baayee, kan ittiin wal-quunnaman fi akkasumas waaqeffannaa utuu yaaddoo dhukkuba walitti dabarsuu hin qabaatin walitti-dhufeenya uumanii waaqeffachuu amaleeffataa jirruuf, kunis carroomuu dha. Hunduma gararraattii garuu, sababa misiraachoon ayyaana du'aa ka'uu humna akkasii qabuufiidha - haala tokko, isa keessatti baayeen sodaa qaban yookan itti fufiinsa dinagdee isaanii balaa keessatti ilaalan keessatti. Waan kun hunduu haxaa'amee hin badu. Guyyaa fannoon ala ayaanni du'aa ka'uu hin jiru. Gammachuun du'aa ka'uu gamachuu dhiphina, dhukkubbii jirenya namaa keessa jiru, al tokkicha salphaatti guyoota ta'eef nama irraanfachiisu mit. Hata'uu iyyuu malee gammachuun ayyaana du'aa ka'uu, sababii sodaa, dhukkubbii fi du'a beektuuf baayee gad-fagoodha - garuu hata'u malee irra aanuu isaas (beeka).

Ayyaana du'aa ka'uu kanatti anatti addumaan barbaachisaa ta'ee kan argame, seenaa bartoota lamaanii, warra fannifamuu (gooftaa) fi oduu awalli qullaa ta'uu ilaalchisee namoota jeequu jalqabe dhaga'uu booda Yerusalemiin gad dhiisanii gara Emaahusitti deemaniit. Akkuma nuti harra akkas gochuu qabnu, isanis lama ta'anii adeeman. Isaaniif waan hundumtuu walkeessa manca'eera (kukkufeera). Manca'ina

Büro des Landesbischofs
Katharina-von-Bora-Straße 7-13, 80333 München
Telefon: 089 / 55 95 – 201
Telefax: 089 / 55 95 – 8484
E-Mail: landesbischof@elkb.de

sana booda, jireenyi maal akka fakkaatu isaaniif ifaa mit. Tarii jireenyi inni durii deebi'ee dhufaa? Hin beekan isan isa kana. Dingata seera waa'ee namoota gidduutti walitti-dhuffenya qaamaa ilaalchisee jiru kan hin beekne, namni saddaffaan tokko isan biratti mullate, inni, gaaffii dhi'eessee dubbachuu isaa dura immoo dhaggeefatu. Boodarra isan birratti argamuu isaatiin garaan isaanii raafamuu Jarri lamaan in dubbatan. Isaan Yesusiin yaadachuu hin dandeenye, eenyu akka inni ta'e hin argan, garuu isa keessan Waaqayyo isaanii wajjin akka jirutu isaanitti dhaga'ame. Egaa isaanis kana booda, Yesus, isa fannoorratti reebame, ukkaamsaa du'aa keessatti deebi'ee jiraachuu fi isaanii wajjin ta'uu isaa hubatan.

Isinis akkuma jara lamaan sanaa ayyaana du'aa ka'uu bara 2020 kana irratti dhugaa ta'uun du'aa ka'uu akka isinitti dhaga'amu, hundikeenya kana akka hin dagannen isiniif hawa. Tarii salphaadhumatti shaamaa tokko qabsiifadhaa, (dhugichas) ofitti dhageessisaa. Ifti du'aa ka'uu jaalala Waaqayyoo nu yaadachiisa, jaalala isa qoqqobbii walitti-dhufeenya namootaa gidduu jiru irra caalaa jabaa ta'e. Innis mallattoo jaalalaa baayee, isa nuti amma waliif kenninu mullisa.

Mallatoon jaalalaa kun hundinuu, inni namootni biyya keenya keessatti fi darbees isa garasitti waliif kennan kun, yeroo goolamni (gidiraan) kun mo'amutti, yeroo rakkoo kana keessaa dadhaboo taanee utuu hin ta'in jabinaan akka baanu, abdiin naa kenna.

Amantii, Jaalala fi Abdii keessatti waliin taane: Kristoos du'aa ka'eera!" ha jennu.



Dr. Heinrich Bedford-Strohm
Landesbischof

